# kun dhagaa erga woggaa torbaatamaatii ibiddatti darbame, inni hanga ammaatti ibidda keessatti gadi knkolaataa ture hanga guyyaa hardhaa dhuma ibiddaa qaqqabetti

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti -Rabbiin irraa haa jaalatu- ni jedhe: Ergamaa Rabbii woliin yeroo turre tokkotti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu-, sagalee rifaasisaa dhaga'ani, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana jedhani: «waan kun ta'e beektuu?» ni jedhe: Rabbumaa fi ergamaa isaatu beeka jenne, nabiyyiinis akkas jedhani: «kun dhagaa erga woggaa torbaatamaatii ibiddatti darbame, inni hanga ammaatti ibidda keessatti gadi knkolaataa ture hanga guyyaa hardhaa dhuma ibiddaa qaqqabetti».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- sagalee jeequ wohii akka qaamni wohii kufeetti dhaga'ani, sahaabota -Rabbiin isaan irraa haa jaallatu- isaan bira jiran sagalee sana irraa akkas jechuun gaafatani, isaanis Rabbumaa fi ergama isaatu beeka jedhani. Nabiyyiinis -Rabbiin rahamataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas isaaniin jedhani: sagaleen isin dhageessan kun dhagaa erga woggaa torbaatamaatii fiixee jahannam irraa darbamee konkolaataa isii keessa gadi deemaa ture yeroo isiin sagalee isaa dhageessan kanatti dhuma isii qaqqabedha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/3370